Pigeon pea *(Cajanus cajan)* nyaata beeladoota qotiisa xixinnaa

Kaayyoo

Beeladoota naannoo gammoojjii gogaa keessa jiraataniif nyaata sadarkaa gaarii qopheessuu.

Ibsa bifa isaa

- Biqiltuu umurii gabaabaa kan hundee gadi-fagoo qabu
- Nyaata kan ta'u
- Baalli isaa beeladaaf nyaata gaarii dha
- Gogiinsa kan danda'uu fi bakka gogaa kan jaallatu, bakka ol-ka'ina lafaa (m 0–2000 asl) kan tolu.
- Gabbina lafaa kan fooyyessuu fi midhaan biraa (boqolloo, boobee) ykn (cowpea, ocholoonii) wajjin wal-makee kan dhaabamu
- Lafa gabbina biyyoo hin qabne keessatti biqiluu kan danda'u

Dadhabbii isaa

- Ol-ka'ina lafaa m 2000 ta'e bakka hurriin cufutti hin tolu.
- Dheedumsa guddaa hin jaallatu
- Bakka bishaan ciisu hin jaalatu
- Beelada hin guddanneef hin mi'aawu.

Bulchiinsa

- Maasaa qopheessuu

  Lafa soqamee keessa sanyiin boola keessa dhaabama.

- Hundeeffama

  Ilbiisaa fi dhibee irraa eeguuf, qoricha ilbiisaa fi fungi itti facaasi. Gadi-fageenya cm 3 tiin facaasi, ykn erga biqilee booda wal-irraa fageenya m1 tiin biqiltoota wal-irraa fageenya m 2 gidduu jiran keessa toraan dhaabi.

- Xaa'oo

  Xaa'oo DAP ykn dhoqqee sa'aa baay'ina kg 100/hektaaraatti itti godhi.

- Aramaa

  Dafee waan hin guddanneef, waggaa isa jalqabaa keessa torban afur keessatti si'a tokkicha arami.

headquarters
PO Box 30709, Nairobi 00100, Kenya
Phone: 254 20 422 3000
Fax: +254 20 422 3001
e-mail: ilri-kenya@cgiar.org

principal site
PO Box: 5689, Addis Ababa, Ethiopia
Phone: +251 11 617 2000
Fax: +251 11 617 2001
e-mail: ilri-ethiopia@cgiar.org

Asia office
New Delhi 110 012, India
P +91-11 2560 9800
P +91-11 2560 9815 (direct)
F +91-11 2584 7884

- Haamaa

  Erga midhaan haamamee booda dheerina m 0.8 tti muri. Pigeon pean yoo gudisee dheedame hin horoomu. Haala bookkeenya gaarii keessatti waggaatti si'a lama in haamama.

- Bu'aa dalagaa

  Rhodes grass, cynodon dactylon fi molasses grassii wajjin wal-makee dhaabama. Yeroo dheedamuu, wagga isa duraa keessa dafee guddata. Sana booda waan hanqachaa adeemuuf, wagga 4 fi 5 keessatti lammata dhaabamuu qaba. Hektaara tokkicha irraa oomisha toonii 20 eeggadhu; yoo xaa'oo argate garuu kun hektaaratti gara toonii 40 tti ol guddata. Xaa'oon kunis baala pirootiinii %10–15 of keessaa qabuu fi kan mi'aawuun ta'uu qaba.

- Oomisha sanyii

  Naannoo sabbata lafaatti iji sanyii harkaan funaanama. Iji sanyii dafee bilchaata, dafees hin harca'u. Oomishi sanyii gara kg 900–1500/ha ti.

- Fayyadama

  Midhaan kun namaafis, beeladaafis nyaata in ta'a. Cidiin, qollii fi kosiin midhaan biilaa faayida-qabeessa ta'a. Utuu hin dheechisin, hanga midhaan kun guddatutti eegi. Sana booda suuta suutan ha dheedamu. Muki biqilaa kanaa lallaafaa waan ta'eef, yeroo hunda dheechisuun gaarii miti. Pigeon pea okaa gogaaf in hamama. Yeroo haamtu harka sadaffaa isa gara irraa qofa muri. Akka jalli isaa hin cabne ilaali. Pigeon pea hojii industiriifis filatamaa dha. Okaa jiidhaas in ta'a. Okaattis nyaata mi'anwaa dha.

Information leaflet on livestock feeds and feeding technologies for small-scale farmers developed through collaboration between ILRI and its partners

June 2010

For further information, contact:
Fodder Adoption Project
fodderadoption.wordpress.com
Forage Diversity Project
International Livestock Research Institute,
PO Box 5689, Addis Ababa, Ethiopia
Email: a.duncan@cgiar.org or j.hanson@cgiar.org